

*An imaltu kara
fagoota*



Shambel Tufa



Kan beeke, deemuf, deemsi imala, kan hin beeknef immoo raakamuudha.

IMALTU KARA FAGOO

Qoph. SHAAMBAL TUFAA BAJIGAA

Barruun kun yeroo kanatti waan xinnoollen taatu jedheen, isa naf ta'ee isiininis dammaqsuuf kan qophooftedha. Yaada fi qeeqa qabdaniif, telegram @falmoo, facebook. Obsi Oro, bilbila , 0915840785 nan gahu dandessu, namoonni barruu kana dubbistan marti galata na bira qabdu

Onkololeessa 23/2013

MALTU KARA FAGOO

- Ani sitti of himuuf eenyuu akkan ofiin jedhuu walaluus ammaf garuu, imaltuu kara fagoo nan jedhi. Boodamo tariiti yoo walii gallee maqaakoon sitti himadha. Ani imaltuudha , imaltuu akka Aggarii. Ani imaltuudha. Deemsi koo fagoodha. Tabbii bayyeen humnakoo nyaachuuf qoreen baayyeen uffatakoo binxanii mogole koo cabsuuf tarree galanii na egaa jiruu. Anis kana nan beeka , garuu deema malee hin dhabbadhuu. Maaliif yoo jette guyyaan kun guyyaa hojiti , guyyichi guyyaaa deeme karakoo ciibsadhu . boruumo nan deema jechuuf yoon har'aa deemee waa'ee borii boriif bulfadha. Aduunyan kun yeroo qisaasa'e jedhamu naf hin qabdu .kana oson beekuu yeroo qisaasessa jira. Guyyichi sun tariiti har'aa , booda,yookaan borii maaltuu beeka anis isa jala dheechuuf osoo hin taanee of-yaaduu dhabuufan deema . imaltuun hin teessuu jedhe Dr kabaja Artist Alii Birraa . ee imaltuun hin teessuu kara qabdii, galma qabdi malee gora bultu, teesse haftu miti.
- Imaltuu akka Aggaarin sin jedhe miti eyyeen ammas gala na gahu qabadheera garuu gala bara jireenyakoof na gahu miti . sababni isaas hangaa yoomi akkan jiraadhu fi turu waanan hin beeknef waan baroota tilmaame bataadhe jooruun narra hin jiru, seerri umaas kana nuf hin keenye. Abraham Aggariif gala gahuu kennefi turee mucaa isaa wajjiin , garuu galaan Abraham gudunfeef karatti jala dhume malee hanga jireenya isaanii kan ta'uuf malu hin turree.
- ❖ Anis imaltu kara fagooti. Isaa har'aaf ta'uu qaba , kan boru baachuuf boruun narra waan fagatuuf innis gala akka har'aa kana fakkatu barbaada. Kanaf gala har'aaf damma boruuf immo shamaa tahuuu badhee jooruuf waanan yeroos humnaas

dinagdees hin qabneef kan har'a galeefadhera kan boruumo ,
boruuf boritti booruus ta'ee taliila akka galastuuf imana
kennera .

Essaa kaatee nan hin jettumo? Jetterta miti. Yoom siif himee hoo
booda eessaa deemtaniss waan hin hafneef walitti qabeen siif
deebisa.

Ani imaltuu, asii ka'eedha. Yeroon itti ka'eemo amma , ammaan
amma itti aante dhuftuuf durii waan taateef , anis imaltudha imaltuu
asii kaate achii deemtuu, imaltuu amma kaatee, ammamoo as
geessuu .

Guyyoonni dhufaani darbaniis , ani imaltuu ammati. Maaltuu beeka
boodamoo boqattu bara ta'uun dand'aa .

Kana immoo akkan jedhu kan na taasisee osoo amman ammaa
,ammaa duraaf durii ta'uu baattee nama amma du'eef amma, amma
taanan ammaa tasiifame ammuma taana kessatti ammaa
baayyifannee , akka dhammatuufi jiraatuuf "amma" baayyee fi
laachuufi dandeenya turre.

Garuu hin dandeenyu. Ammaan dura kan boodaf fiira erga hin
taanee adunyaan tun umama fi dhala namatiif fullee dub-
deebii(akka koonkolata) duubatti akka hin deebine beekii. Sin
dhiphisu obboleeko waliin deemna yoo tahee walii galla, hin
deemnu yoo ta'ee addan galla, ani jireenyikoo jireenya of-yaaduun
guutame akka hin taaneef gala wayiin qaba . galan kuniis gala
tuursiftu osoo hin taane gala gulufsiistudha.

Guyyaa fi yeroo koo umrii fi yaadannookoo mara suuraan osoo hin
taanee hojiidhan ka'aachufan imala . qaroon koo fagoo arga, millikoo
safiisadha , garuu secoondii caalaa hin safisuu isaaniin

walqixxeedha. nuti obbolewwan umaan hammam akkan jiraadhuu naf laateera. Yeroon ani jiraadhu sun garuu akki ani fi ati 1,2,3,.. jennu kana osoo hin ta'iin fallaa isaati akkuma baroonni yeroo egameef hanga gahuutti lakka'amani guyyaansa geenyaan zero ta'aenii gara gaditti warri hafan lakka'amu qabanii isaan dhabbatan immoo 1 jedhanii egalaan sana irra hir'isa jirtaa ariitin isheen ammo akka ol-lakka'amuun walqiixa , garuu hin dhabbatu beekii kanaafu jalaakoo an nan imala yeroon koo boruu naf hin beeku anis yoon amma fi booda fi boru isaa hin dhorkatiin innis naf hin laatu. Ara ummeetuma seera akka jalqaba isarrayu hin qabu . anis kanaafan imala isheen lakkoofsa ishee gadii hir'isti anis immoo ol-dabaleen dhaaba osoo hin ta'iin yoo yeroon lakka'amuu sun marsa isaa xumuree zero ta'uutti anis bakka inni irra gadii egalee sana gahuufan imala. Isaa irra gadii lakka'uu kana moo'uu hin dandeenyu garuu walqiixa ta'uun ni danda'ama.

- ✓ Dhugaan kun galuufi dhabuurra kan ka'ee sirbaan beekama yeroo sana kan ta'ee **mikiil jeckson Adunyaa** kana irraa jiraachuuf wagga 150 karoorfatee turee, kana gochuuf immoo doktorota bebbekamo, ogeessota ispoorti, warra nyaata bilcheensan bebbekamoo akkasumas nyaatni isaaf dhiyaachuun dura labooratooriin ilaalameet dhiyaataf turee, siren inni irraa rafuus sirreesitu oksiihini walqixxesitu waan qabuuf rakkoon isaa mudaatu hin jiru jechuudha. Yeroo hundaa yoo hirriba kaa'uu rifeensa hangaa qeensa qorannoon taasifame ispoortii isaa hojeete sana booda ilaalamee gara hojii isaa imala turee. Kan nama dhiibu immoo yoo tariiti kan kessaa rakoon isaa mudaata tahee dandamachuuf jedhee, warren qaama jala miidhame gumachanif danuu isaanii qopheefate ture. Kanan osoo tahee jiruu garuu guyyaa tokko akkuma tasa

balaa onnee tasa isaa mudateen hoospitala gale dooktorronni californi fi neworkcity walitti yaa'ani osoo hooma hin fiidiniif wagga 150 karoofate, wagga 50tti boqate ture.

❖ Ni mo'eemo walqixa bahee ? lakkii mo'ameera akka jettu shakkii hin qabu. Eyyeen yeroo kanan walqixa bahuuf dirqama yeroo hundaa **amma** irraa gara **amma, ammatti** imallee kara keenya gababfachuun nu irraa jira . kanafaan akkan of hin yaannef carra of dhorkadhe. Kaleessi har'aaf alaagadha, waanti isaan walitti hidhuu yoo jiraate waan kalessa egalee yoo har'aaf laatedha. Dhiisi isaa kalessi har'aaf alagaa fi durii ta'uu miti amman amma ammattif durii fi ture erga tahee , yoon ittin hin hojjettin ta'eemo har'ii fi boruun naf garagarumma hin qabu. Lachaanu ofiimaf fiigani darbuu fakkatu garuu miti isaan hojii isaaniirra jiruu , anis kanafan hojjedha hamma har'ii narra imalee maqa isaa jijjirate kalessa ta'uusa itti fufutti anis imalakoo ittaan fufa malee hin dhiisu.

✚ *Kanafaan sitti himadha akka mikeal Jecksonitti of hin gatiin ka'iiti deemii, yaadannookee hojiidhan ka'adhuu, innimo ofiisaf suura yaadannoo bara baraa ti darbuufis ta'a. dhaloonni baayyeen album (kuusaa suuraa)isaanii kessaa fakkiwwaan isaanii baayyee qabu . garuu suurawwan sun yaadannoo guyyaa sana ta'uu danda'uu malee har'aaf maal ka'aani darbaan laata? Sana mana mannii kamiyyuu deebisu danda'a. ani kanan sif galaseera kan hafeemoo ati galaa tolfadhu*

Hora bula

Waan nama himtan hin dhabina

Shaambal Tufaa

Oroomiyaa, shawaa Baha , Boosat irraa.